# Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan yeroo biraa hin tattaafanne ji'a Ramadaanaa irraa kurnan boodaa keessatti kan tattaaffii godhan turan

Aa'ishaa Haadha Mu'mintootaa irraa akka odeeffametti, Rabbiin irraa haa jaallatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan yeroo biraa hin tattaafanne ji'a Ramadaanaa irraa kurnan boodaa keessatti kan tattaaffii godhan turan.
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Guyyoonni kurnan dhumaa Ramadaanaa yeroo dhufanitti, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ibaadaa fi kheyrii adda addaa hojjachuu keessatti ni jajjabaatu ture, akkasumas gosoota kheyrii fi gosoota ibaadaa keessatti waan yeroo biraa jajjabaatan caalaa garmalee dabalanii, hojjataa turan; guddinaa fi sadarkaa halkanoowwan sun qabanii fi Leylatal qadr barbaaduuf jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee